I. FILANNOOWWAAN KENNAMAN KEESSAA QUBEE DEEBII SIRRII QABATE FILACHUUN BAKKA DEEBII KENNAME IRRATTI DEEBISI.

1. Qaama dachee gidduu ardii Afrikaafi Awurooppaa argamu maal jedhamuun beekama?
   A. Bo'oo Siwiiz Kaanaal
   B. Bab-Eel-Mandab
   C. Jibraaltar
   D. Keep-Reenjii
2. Qaama bishaanii karaa dhihaan ardii Afrikaa daangessu kami?
   A. Garba Atilaantikii
   B. Garba Hindii
   C. Galaana Diimaa
   D. Galaana Meediteeraaniyaanii
3. Magaalli muummee biyya Ikuwaatooriyaal Giinii maal jedhamti?
   A. Abijaan
   B. Tiriippolii
   C. Malaaboo
   D. Konaakirii
4. Ardii Afrikaa ilaalchisee Soba kan ta'e kami?
   A. Sarara mudhii lafaatiin kaabaafi kibbatti qoodama
   B. Kallattii hundaanuu qaama bishaaniin marfamee argama
   C. Irra caalaan ardichaa naannoo qilleensa baramaa ho'aa keessatti argama
   D. Mudhii lafaa irraa inni gara kibbaa isa gara kaabaa caalaa bal'aadha
5. Gaarri guddaa biyyoota Ugaandaafi Keeniyaa giddutti argamu kami?
   A. Kilimaanjaroo
   B. Elgoon
   C. Ruwaanzoorii
   D. Meeruu
6. Lafa caffa'aa guddaa jiddu-galeessa Afrikaatti argamu maal jedhama?
   A. Okovangoo
   B. Kaaribaa
   C. Viktooriyaa
   D. Suud
7. Laggeen Afrikaa keessaa dheerinaan sadarkaa tokkoffaa irratti kan argamu kami?
   A. Laga Koongoo
   B. Laga Oreenjii
   C. Laga Naayil
   D. Laga Niijar
8. Qarqara kaaba Afrikaa naannoo Maagriibiifi kibba Afrikaatti ammoo naannoo Keep Reenjiitti kan argamu qilleemsa baramaa isa kami?
   A. Qilleensa baramaa jiidhaa ho'aa
   B. Qilleensa baramaa jiidhaa gogaa
   C. Qilleensa baramaa gammoojjii ho'aa
   D. Qilleensa baramaa meediteeraaniyaanii
9. Humna irra lafaa fuula lafaa jijjiiru isa kami?
   A. Sigigaachuu cabbii
   B. Dho'insa voolkaanoo

C. Hollannaa lafaa
D. Dadacha'insa lafaa

10. Waa'ee sararoota dagaleefi gadee ilaalchisee dogoggora kan ta'e kami?
    A. Sararoonni gadee bantiilee irratti waltuqu
    B. Sararoonni gadee mudhii lafaarraa gara kaabaafi kibbatti safaru
    C. Sararoonni dagalee kaabaafi kibbatti si'a deeman gabaabbataa adeemu
    D. Sararoonni dagaleefi gadee kan yaadaa ti malee lafa irratti hin argaman
11. Gosoota mukkeen jajjaboo akka Maahoogaanii, Ibooniifi muka gurraacha kan ofkeessaa qabu kami?
    A. Biqiloota naannoo meediteeraaniyaanii
    B. Bosona roobaa naannoo mudhii lafaa
    C. Biqiloota naannoo saavanaa
    D. Biqiloota naannoo gammoojjii
12. Magaalli "A" 45^0 Baha irratti sa'aatii 6:00 AM yoo ta'e, magaalaan "B" 30^0 Dhiha irratti sa'aatii meeqa ta'a?
    A. 1:00 PM
    B. 3:00 PM
    C. 8:00 AM
    D. 11:00 AM
13. Sirna yaa'a laga Hawaas kan ibsu kami?
    A. Lafa olka'aa kibba baha Itoophiyaa irraa ka'a
    B. Gaarreen Arsii dhihaa keessaa ka'uun gara kallattii kibba-bahaatti yaa'a
    C. Godina showaa aanaa daandii keessaa ka'uun naannoo Afaar hara Abbee keessatti hafa
    D. Haroowwaan viktooriyaafi xaanaa irraa ka'uun sudaaniifi Ijiptiitti yaa'uun galaana meediteeraaniyaaniitti gala
14. Miseensummaa Gamtaa Afrikaa keessaa biyya tokko gochi haqsiisu danda'u kami?
    A. Malaamaltummaa irratti hirmaachuu
    B. Sirna dimookiraasii jajjabeesuu dhabuu
    C. Bulchiinsa gaarii hojiirra oolchuu dhiisuu
    D. Mootummaa fonqolchuun aangoo qabachuu
15. Sarbamuu mirga daa'immanii hambisuuf warri waan gochuu qaban keessaa tokko kan ta'e kami?
    A. Uleedhaan reebuu dhiisuu
    B. Yeroo malee heerumsiisuu

C. Mana keessatti ukkaamsanii eeguu

D. Waan barbaadan akka filatan mirga dhowwachuu

16. Fiixeen baha ardii Afrikaa maal jedhamuun waamama?

A. Keep-Blaankaa
C. Keep-Veerdee
B. Keep-Agulaas
D. Keep-Gaardaafii

17. Dhiibbaa dhibeen HIV/Eedisii gama dinagdeedhaan geessisu kan mul'isu kami?

A. Ijoollee barumsa irraa addaan kuta

B. Ijoollee abbaafi haadha malee hambisa

C. Qusannoofi investimentii ni dadhabsiisa

D. Namoota dhukkubsatan irratti looggiin ni qaqqaba

18. Kunuunsi qabeenya uumamaa tokko kunuunfamuu qabeenyaawwan uummamaa biroof bu'uura kan ta'u isa kami?

A. Bishaan
C. Qilleensa
B. Bosona
D. Biyyee

19. Qaamman dhabbata mootummoota addunyaa adda addaaf deeggarsa ogummaa seera kan kennu kami?

A. Mana marii nageenyaa
C. Mana murtii haqaa addunyaa
B. Mana marii yaboo waadaa
D. Waajjira barreessaa

20. Qaroominni durii naannoo gidduu laggeen Taayigriisiifi Ifiraaxiisii keessa ture qarooma ardii kamiin walqabata?

A. Ardii Eeshiyaa
C. Ardii Afrikaa
B. Ardii Awurooppaa
D. Ardii Ameerikaa

21. Gocha namtolchee biqiloota uumamaa haalaan miidhu kami?

A. Bosona ciruufi gubuu
C. Dho'insa voolkaanoo
B. Caama yeroo dheeraa
D. Abidda bosonaa tasa ka'u

22. Miidhaa ciramuun bosonaa fidu kan hin taane filadhu.

A. Gammoojjummaa babal'isuun jijjiirama qilleensaa fida

B. Bineensota bosonaa akka godaanan godha

C. Sirnakkoon osoo hin jeeqamiin akka turu taasisa

D. Xaa'ummaa biyyeefi omisha midhaanii hir'isa

23. Jala galaanotaafi haroowwaniitti wantoota kuufamaniifi walirroo uuman jabaachuun gosa kattaa isa kami uumu?

A. Kattaa jijjiiramaa
C. Kattaa baqi-qorraa
B. Kattaa kusmaansaa
D. Kattaa baqi-qorraafi jijjiiramaa

24. Maqaa kitaaba amatii Hinduyiizimii kan ta'e kami?

A. Veedaa
C. Kitaaba Qulqulluu
B. Teraveedaa
D. Quran

25. Biyyi "S" jedhamtu bal'ina iskuweer kiloomeetira 500,000 kan qabduufi iskuweeri kilomeetira tokkorra namoonni 80 irra kan qubatan yoo ta'e, baay'inni waliigala ummata biyyattii meeqa ta'a?

A. Ummata miiliyoona 4
C. Ummata miiliyoona 40
B. Ummata miiliyoona 16
D. Ummata miiliyoona 60

26. Qarooma ardii Ameerikaa durii keessatti magaalli Kuzuukoo teessoo mootummaa ummata kam turte?

A. Inkaa
C. Azeetiksii
B. Iraan
D. Maayaa

27. Fageenya lafa irraa 50km ta'u waraqaa 20cm dheeratu irratti yoo kaafame, iskeeliin kaartichaa isa kam ta'a?

A. 1:100,000
C. 1:25,000
B. 1:500,000
D. 1:250,000

28. Kanneen armaan gadii keessaa gaazii daballii ho'a addunyaaf sababa ta'uufi maddi isaa rifrijireetera ta'e kami?

A. Miteenii
C. Naayitrawus-oksiid
B. Kilorofiloroo kaarboon
D. Kaarboon-daayoksaayid

29. Walaloowwan Eeliyaadiifi Odeeseeyii jedhaman agarsiiftuu qarooma biyya kamiiti?

A. Qarooma Giriiki Durii
C. Qarooma Chaayina Durii
B. Qarooma Roomaa Durii
D. Qaroomaa Peershiyaa Durii

30. Kanneen armaan gadii keessaa barsiifata miidhaa qabu dhorkuuf kan hingargaarre kami?

A. Gorsa maatii fudhachuu
B. Akka gaariitti guddifamuu
C. Dhiibbaa hiriyyaa irraa ofeeguu

D. Qarshii argachuuf jecha waan hinmalle raawwachuu

31. Kanneen armaan gadii keessaa dhala namaa bineeldota biroo irraa **adda kan taasisu** kami dha?

A. Socho'uu
C. Qooqa
B. Hormaata
D. Soorachuu

32. **Afaanni** maatii afaanotaa Niijer-Koongoo fi Indoo-Yurooppiyaa irraa madde kami dha?

A. Kiroolee
C. Arabifa
B. Laatiinii
D. Maandee

33. **Magaala guddoo** Mootummaa Misir durii ishee jalqabaa kan turte kamidha?

A. Kaayiroo
C. Tibes
B. Helipoolis
D. Memfiis

34. **Sirni barreeffamaa** qarooma Misir durii maal jedhamuun beekama?

A. Kuuniifoormi
C. Loogoo Giraafii
B. Hirogiliifiksi
D. Siifiniks

35. Waraanni **Piyuunik** mootummoota armaan gadii keessaa waarra kami gidduutti gaggeeffamaa ture?

A. Roomaa fi Giriik
C. Roomaa fi Kaarteeji
B. Misirii fi Nuubiyaa
D. Giriikii fi Misir

36. Impaayera Gaanaa Durii keessatti madda albuuda warqee kan turte kami?

A. Takeeddaa
C. Awudagasti
B. Tagaazaa
D. Baambuk

37. Hundeessaa Impaayera Maalii Durii kan ture eenyu?

A. Maansaa Musaa
C. Suunii Alii
B. Sundiyaataa Keetaa
D. Sumanguuruu

38. Impaayeroota Afriikaa Durii keessaa sadarkaa addunyaatti beekamtuu kan turte:

A. Maalii
C. Gaanaa
B. Soongaayi
D. Zimbaabuwee

39. Walitti hidhiinssi sirrii hintaane kamidha?

A. Maalinkee-Maalii
C. Shoonaa -Soongaayi
B. Sooninkee-Gaanaa
D. Dunqaa-Funji

40. Kufaatii Impaayera Gaanaatiif sababa ta'uu kan danda'u:
A. Fincila biyya keessaa
C. Weerara Almoraavidootaa
B. Waraana Maalinkee
D. Hunduu deebii dha

41. Kanneen armaan gadii keessaa bulchitoota naannoo oomisha soogiddaa kan ta'an kami dha?
A. Naggaadiraas
C. Bajiroondi
B. Baalgadaa
D. Bahira Nagaash

42. Daldalli Mootummaa Aksuumii fi Saassuu gidduutti gaggeeffamaa ture maal jedhamuun beekama?
A. Daldala sagalee malee (Silent Trade)
B. Daldala naannoo (Local Trade)
C. Daldala karaa dheeraa (Long Distance Trade)
D. Daldala alaa (Foreign Trade)

43. Armaan gaditti kan keennaman keessaa gabaa walee Bahaa fi Kibba Afriikaa kan ta'e:
A. Komeesaa (COMESA)
C. Ikowaas (ECOWAS)
B. Saadik (SADC)
D. Neeppaad (NEPAD)

44. Dhaabbatni Tokkummaa Afriikaa gara Gamtaa Afriikaatti jijjiiramuu isaa seeraan kan labsame:
A. Caamsaa 26, 2001
C. Adoolessa 9, 2002
B. Caamsaa 25, 1963
D. Fulbaana 9, 1999

45. Kanneen armaan gadii keessaa kaayyoo Gamtaa Afriikaa kan hintaane kami?
A. Tokkummaa ardichaa cimsuu
B. Nagaafi tasgabbii addunyaa eegsisuu
C. Walitti bu'iinsa biyyootaa hiikuu
D. Sirna kolonii balleessuu

46. Faayidaa afaanii ilaalchisee sirrii kan hintaane:
A. Beekumsa Tamsaasuu
B. Yaada ittiin ibsachuu

C. Meeshaa walqunnamtii D. Deebiin hinkennamne

47. Maatii afaan Laatiinii keessatti kan hinramadamne:
    A. Afaan Faransaayi C. Afaan Porchugaal
    B. Afaan Dachi D. Afaan Xaaliyaanii
48. Biyya Raashiyaa keessatti Afaan bal'inaan dubbatamu kamidha?
    A. Kaawukoosiya C. Indoo-Yuuropiyaa
    B. Afro-Eeshiyaa D. Altaayikii
49. Biyyoota Afriikaa armaan gadii keessaa miseensa Gamtaa Afriikaa kan hin taane kami dha?
    A. Sudaan C. Morokoo
    B. Liibiyaa D. Naayijeeriyaa
50. Qaroomina addunyaa durii keessaa barreeffama fakkiin ibsuu addunyaaf kan gumaachan warra kami?
    A. Misiroota C. Sumeeriyaanota
    B. Warra Inkaa D. Warra Azteek
51. Damee dhaabbata Mootummoota gamtoomanii kan hin taane kami dha?
    A. Dhaabbata To'annoo Humna Atoomikii (IAEA)
    B. Baankii Addumyaa (WB)
    C. Gamtaa Afriikaa (AU)
    D. Dhaabbata Maallaqa Addunyaa (IMF)
52. Kanneen armaan gadii keesaa amantiin Zoro'asteriyaniizimii amantii warra kamii ture?
    A. Sumeerotaa C. Araboota
    B. Pershiyaanotaa D. Chaayinootaa
53. Gumaacha Giriiki durii addunyaa kanaaf gumaachite keessaa kan ta'e kami dha?
    A. Sirna Diimokiraasii C. Falaasama
    B. Tapha Olompikii D. Hundu deebii dha
54. Teessoon mootummoota magaalaa Giriiki durii maal jedhamuun beekamu?
    A. Akiroopoolis C. Poolis
    B. Heellas D. Heelens

55. Amantiiwwan armaan gaditti jiran keessaa ardii Eeshiyaa keessatti kan hundeeffame kamidha?

A. Kiristaanaa fi Islaamaa
C. Judayizimii fi Shintooyizimii
B. Budiizimii fi Hinduwiizimii
D. Hundinuu deebii dha.

56. Warraaqsi Industirii walakkeessa jaarraa 18ffaa biyya kami keessatti eegale?

A. Ispeen
C. Porchugaal
B. Ingilizi
D. Faransaayi

57. Sababoota Waraana Addunyaa Tokkoffaa keessaa kan hintaane:

A. Sabboonummaa uummattootaa
B. Loltummaa (miliitaariizimii)
C. Ka'umsa Faashistootaa
D. Waldorgommii Koloneeffattootaa

58. Bara 1941'tti, Buufatni doonii Ameerikaa Jaappaaniin Rukutamte kanneen armaan gadii keessaa kami turte?

A. Piirl Harbar Hawwaayiii
C. Buufata Booston
B. Nagaasaakii
D. Hirrooshimaa

59. Kanneen armaan gadii keessaa qabsoon farra kolonii Afriikaa Keeniyaa keessatti ademsifamaa ture isa kami dha?

A. Maajii Maajii
C. Maa'uu Maa'uu
B. Ashaantee
D. Saamorii Turee

60. Biyyi miseensa dhaabbataa Mana Marii Nageenyaa Addunyaa Hintaane kami?

A. Ingilizii
C. Ameerikaa
B. Chaayinaa
D. Kaanaadaa